# 33. YESONI GURBA JINNI KEESA BAASE, WAAN DUISA FI KAISA ISA FAGA.

**Mariko 9:14-32**

Gaafa tokko Yesoni, Peterofi, Yohanafi, Yakobo waliini deemani. Fulla jara ufi kaani geennaani, Yesofi jari sadeenu gumi guddo ta worra marsitu argani, ammalle jara Seera beekhu wolmormani. Gumiini ch'ufti isa arginaani guddo mamte, isati orite nagaya fuute. Inni, "Maani wolmormitani?" jed'e gaafate. Nami toko gumi keesaa waan jed'eeni, "Aabbo, anini ilma kiyya, ka jinni duuda qabu, sitiini d'ufe. Yo isa qabattu ch'ufa lafaani d'oofte, homachi afaani yae, inni ilkaani qare gogoga. Anini jara kanke aka keesaa baasani kad'ad'e, ammo worri indad'abe." Yesoni waan worraani jed'e, "Isani diqole d'ugefacha inqabdani; guyya hagami isani woliini taa? Guyya hagami isani obsa? Natiini koota." Gurba isatiini d'ufani. Jinniini Yeso arginaani hojuma suni gurba hahargufte, inni lafa d'ae, gangalate, hoomachi afaani yae. Yesoni abba isatiini waan jed'e, "Ganna hagami akana tahe?" Inni waan jed'eeni, "Haguma ijoolluma isaati. Maro heddu jinniini ibidafi bisaani keesa isa buufte, aka isa ijeeftu. Yo dandeete, nuu nahi, qarqaari." Yesoni waan isani jed'e, "Yo atini dandeete jetta? Nama d'ugefatu wonti ch'ufti intaati." Hojuma suni abbaani gurbaa iye waan jed'e, "D'ugefacha inqaba, yo ingeennele, na qarqaari!"

Yesoni aka gumiini wolti oritu arginaani, jinniini lole waan jed'eeni, "Jinni duuda, isa keesaa bahi, iti indeebiini" jed'eeni. Jinniini iyite, hargufte, keesaa baate. Gurbaani kaani aka reefaa tahe, tanaafi nami hedduuni, "Gurbaani yayu due" jed'e. Ammo Yesoni harka isaa qabe, olfuud'e jennaani inni kae. Eegi Yesoni gale, jari isaa kobati isa gaafate, "Nu maafi jinni isa keesaa baasu dad'amne?" jed'ani. Inni waan jed'eeni, "Ta akana tana kad'acha male dandaani imbaasani."

Achi kanaani Galilaya keesaa yaani. Inni aka nami fulla inni jiru beekhu infeene. Wonti akanatiifi inni jara ufi barsiisu jira. Inni waan worraani jed'e, "Ilma Nama harka namati kennani ijeesani. Eegi due inni guyya sadeeso inkaa." Ammo worri jecha kana inhubanne, isa gaafachule sodaatani.

**<u>QAJEELUMSA BARNOOTA</u>**

**<u>HIMAANSA JALQABA</u>: Gaafi ato oduu hinoodeesinu nam gaafatani tana gumii gaafadhu yokhaani akka namu lam lamaani irra wolgaafatu tolchi.**

- D'ugeefacha hagam geetuti feesisa akka Waaqi rakko tante keesa si baasu?

**<u>ODUU: Oduu tana irdedeebii himi akka akka gumii waliiin baratan.</u>**

**<u>HAASA EEGI ODUU HIMANI: Gaafi tanaati haasa suni qajeelcha: -</u>**

**<u>Waan YESO nu maan baranna? Kara kamiini akka Yeson Waaqa argina?</u>**

- **Oduun tunini kara kamiini humnaafi jabeenna Yeso garsiifti?**
    - Inni jinni irrati jabeenna qaba. Jinni suni imbaase.
    - Jabeenna dubbi isaatin tolche.
    - Jinniini isaa ajajamte. Inni humna qaba.
    - Jara isaatini illole waan worri d’ugeefacha d’abeef.
- **Oduun tunini kara kamiini beekumsa Yeso nu garsiifti?**
    - Yesoni onne Abbaa imbeekhe akkasuma ammalle akka abbaan ato fed’ellee d’ugeefachu dad’abuuti jiru in hubate.
    - Yesoni hafuura gurba suni keessa jiru beekhe, ammalle akka fayisuu mallelle beekhe.
- **Oduun tunini kara kamiini tola eeba Yeso nu garsiifti?**
    - Inni d’ugeefacha lalaaftu abba suni owaatefi gurba fayyise.
    - Jara isaatin wolhaasae, waan d’ugeefachaatifi kadachaa worra hubachiise.
    - Abbaa fi barattoota isaalle inni obseefi.
    - Gurbaan harkaan qabe olkaase; isa tuqe.
- **Oduun tunini kara kamiini amanammumma Waaqa nu garsiifti?**
    - Yesoni Baasa Waaqi gumi isaati kakhate, Inni Seetanaafi jinni dabsate, miid’ama jireena namaati deeme gargalche jijiire. Armaati, Yesoni akka aangoo jinni irrati qabu mull’isa.
    - Yesoni yo chufa d’ugeefacha iti owaata, ato isiin d’ugeesacha lalaaftu taatelle. Inni kad’achaa abbaa indeebise, akka inni laafinna d’ugeefacha is aka hind’osini himate d’uga dubbate suni, Waaqi inulfeesse!
    - Yeson fayyisaa.

- **Akka Waaqafi nami woliin jiraachu male irra maan baranna?**
    - Baafami d’ugeefacha qofaan d’ufa. Worra d’ugeefatuufi wonti ch’ufti intaatu.
    - Ilmeen nama d’ugeefachu dad’abdi. Waaqi rakko nami d’ugaan iti himatefi, dad’abiifi ch’ubbuu worra qarqaarsa boo’u kha akka abba much’a kana, inowaataafi. Waaqi d’ugeefacha akana tana d’uga herregaafi.
    - Abbaan qarqaarsa d’abe. Jari Yeso qarqaarsa d’abe. Waaqa (Yeso) ch’allaati gurba suni baasu dandae.

**<u>Gaafi Ballinaani Huji irra Oolchuu Malani</u>:**

“Ee Goofta, Anin ind’ugeefad’a. D’ugeefacha tiyya qarqaari!” Yeson kara kamiini d’ugeefacha didiqooleti owwaata? Haali jajajabaan nu Waaqati d’ugeefachuu malleef jira? Oduun tunin kara kamiin gara nu jabeesiti? Kara kamiini jireenna kad’aa keesati gara nu jabeesiti?

**Gaafi huji irra oolchuu malan (akka nam tokooti yokhaan akka gurmuutti):**
(Gaafi tokko yokhaan lama filadhu akka dansa adda iti dhaabadhu.)

- "Ee Goofta, Anin ind'ugeefad'a. D'ugeefacha tiyya qarqaari!" D'iyoo tana atin **akka abba gurba kana, d'ugeefachu feete ammo dad'abde?** Oduun tunin kara kamiin gara si jabeesiti?

- Yeson si yaamuti jira akka atin isaati d'uftu. Isati d'ufuufi waan ch'ufa isaa irra beekun sirra himbarbaachisu. Ufiin kara barbaadachu lakkifte isati abdachuu malte. Kara kamiin isaati abdachuun tunini ammayyu si jireesiti? **Murtiin d'ugeefachaa ta atin amaantan tolchuu malte tami?**